# سُورَةُ الحَدِيدِ
# Suuraa Hgadiid

| | |
|---|---|
| قبل كل شي هذه هي سورة الحديد | *Dura dursoo suuran tun (suuratul hgadiida) je'amti |
| وهي سورة مدنية | *isiin suuraa madiina'aati. |
| آياتها ( ٢٩ ) | *Aayaanni isi'ii diiddamii sagal . |
| وترتيبها ( ٥٧ ) | *lakkooysi isi'ii shantamii torba |
| وهي نزلت بعد سورة الزلزلة | *isiin eega suuran (suuratuzzalzalah) je - 'amtu buutee buute. |
| بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ | *jalqabni dubbi'ii maqaa rabbii rahgamata qabuutii. |
| سَبَّحَ لِلَّهِ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ | *Wanni sami'iifii dachii keessajiru hundi, |

rabbii tokkicha guddifti, waan isaan hin malle hundarraa isa qulqulleessiti. wanni rabbiin dachiidhafii sarnii keessatti uume ,marti ,nama tayuu ,mala-aykaa tayuu ,jinni tayuu ,mukaa citaa tayuu .hori'iifii ,dhagaa tayuu , Rabbiif gad jetti.isa guddifti . waan inni je'u dhageessi, wannummaan Rabbiin uume hundi, dubbatteeti Rabbi faarsiti,waan isaan hin malle hundarraa isa qulq-ulleessiti, nuuti waan isiin dubbattu waa akka dhaga'aa fa'arraa hin be-yne,malee takkaa wanni hin dubbatu, hoggaa isii arge, guddina Rabbii, dandeytii, isaa hubatu'u.

| | |
|---|---|
| وَهُوَ الْعَزِيزُ | *Rabbiin kan injifatuu malee,wanni isa injifatu hin jerre. |
| الْحَكِيمُ ﴿١﴾ | 1}*Kan waan akka qabu malee,waan bi-raa hin dalayne. |
| لَهُ مُلْكُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ | *Kan samiiifii dachii uumee qaba |
| يُحْيِي وَيُمِيتُ | *Kan jiraajisu ,kan ajjeesu, |
| وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٢﴾ | 2}*Rabbii waan hundarraa dandaya. |
| هُوَ الْأَوَّلُ | *Rabbiin kan odoo waa takkallee hin arg-amsiisin durajiru.kan guyyaa keessaa hin argamin .kan argarnni isaa jalqaba hin qa-bne jechu' . |

وَٱلۡأٓخِرُ *Rabbiin kan waa hunda booda jiru kan dhabamiinsi isaan hin malle.

وَٱلظَّٰهِرُ *Rabbiin kan dalagaa isaatin mul'atu ,kan wanni inni uume meratti,Rabbiin ni jiraa mul'iftu.kan ayliin waan inni uume laaltee ,akka namni isii uume jiru hubattu

وَٱلۡبَاطِنُۖ *Rabbiin kan ijaafii aylii namarraa dhokate kan addunyaa tanarratti ijji araguu hin dandeenye kan ayliin waan inni uume ,Iaaltee inni ni jiraa beekuu malee ,inni kan akkanaatii beekhuu hin dandeenye, ayliin ifumaafii waan taate ifin benytuu ,akkamiin waan Rabbiin taye beye ? wanni ayliin Rabbirraa beytu.inni guutuu wanni ir'uu taye,isaan hin malle jechu'.

وَهُوَ بِكُلِّ شَيۡءٍ عَلِيمٌ ٣ 3}*Rabbiin kan waa hunda, waan isiin taate beeku , isaatu uumee silaa akkamiin wallaala.

هُوَ ٱلَّذِي خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَ فِي سِتَّةِ أَيَّامٖ *Rabiin kan sami'iifii,dachii guyyaa jaha keessatti uume wanni guyyaa jaha keessatti uumef ,kan waytii ,takkaa liphii takka keessatti uumuu dandayu, akkaataa dalagaadhaa,nu barsiisu'uufi.

ثُمَّ ٱسۡتَوَىٰ عَلَى ٱلۡعَرۡشِۚ *Rabbiin, kgarshi'irratti ol taye ol tayiinsa isaan malu kgarshiin waan rabbiin uume hunda keessaa isi'iitu irra guddu'u

يَعۡلَمُ مَا يَلِجُ فِي ٱلۡأَرۡضِ *Rabbiin, waan dachii keessa seenu hunda beeka, seenuu. kan akka nama keessatti awwaalamee faa.

وَمَا يَخۡرُجُ مِنۡهَا *Ammallee waan dachi'irraa bayu,kan akka mayraa, sibiilaa, dhadhaa dachi'ii, (banziin) ammallee waan biraa hunda beekha.isaatu uumee silaa akkaamiin wallaala?

وَمَا يَنزِلُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ *Rabbiin waan sami'ii bu'u, rahgmataa azaaba faa, hunda beekha.

وَمَا يَعۡرُجُ فِيهَاۖ *Akkasuma rabbiin, waan samii bayu hunda beekha,kan akka malaaykaa samii baatuu,kan akka dalagaa gari'ii. Ruuhgii mu'mintootaa ,tan du'aan samii baatu hunda beekha.

وَهُوَ مَعَكُمۡ *Rabbiin beekkomsa isaatin isiniin wajji jira.jechu'.

أَيْنَ مَا كُنتُمْ

*Bakka jirtan cufatti.isin beekhaa, isin argaa , beekkomsa isaatin,siniin wajji jira jechu'.

وَٱللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ بَصِيرٌ ﴿٤﴾

4}*Rabbiin waan isin dalaydan cufani argaa,quba qabaa xiqqaattuu, guddattuu, irraa isin gaafatu'uu taa'a.

لَّهُۥ مُلْكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ

*Sami'iifii, dachiin ta rabbiiti, waan fedhe isaan lamaan keessatti dalagaa,kan isaan lamaan keessatti, ibaadaa haqa godhatu, rabbii tokkicha malee hin jiru.

وَإِلَى ٱللَّهِ تُرْجَعُ ٱلْأُمُورُ ﴿٥﴾

5}*Dubbiin waa hundaatuu, gara rabbiiti deebitii, isaatu guyyaa qiyaama'aa ,waan uumee hunda jiddu'utti, dubbii laalee, Kan tolee jannata kennee kan bade qixaaxa.

يُولِجُ ٱلَّيْلَ فِى ٱلنَّهَارِ

*Rabbiin addunyaa akka ifii fedhetti oofa, isaatu halkan fidee, guyyaa deemsisa .isaatu halkan guyyaa keessa seensisa. halkan guyyaa keessa seensisuun, halkan, dheereessee, guyyaa gabaabsu'.

وَيُولِجُ ٱلنَّهَارَ فِى ٱلَّيْلِ

* Amallee rabbiin gaafin guyyaa dheeresseeti halkan gabaababasee keessa seensisa.

وَهُوَ عَلِيمٌۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ﴿٦﴾

6}*Rabbiin waan namni gara'aa,yookaa qomaa qabu hunda beekha duuba rabbi akkanaa dhiftanii waan biraa ibaadun wahi akkaa ?itti amanuu dhiiftanii ,itti kafaruun wahi akkaa?

ءَامِنُوا۟ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ

*Tanaaf jacha Rabbiifii , ergamaa isaa muhammad dhugo'ooma, itti amanaa itti . amanuun diinaa islaamaa qabatanii, tokkummaa Rabbii yaadu'uu, waan nabi muhammad dhufeen dhagaya'aa, jala deema.

وَأَنفِقُوا۟ مِمَّا جَعَلَكُم مُّسْتَخْلَفِينَ فِيهِ

*Horii rabbii uumee, narraa bakka dhaabbadha'aa, itti dalagaa isiniin je'e ,sanirraa ,nama haqa go dhatuuf kennaa ,waan itti baasaa isiniin je'etti,baasaa.horiin isin harkaa qabdan ,kan Rabbiitii ,dalagaa oofaa,horiin keessan akka rabbiin fedhutti itti dalagaa,

فَٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ مِنكُمْ وَأَنفَقُوا۟ لَهُمْ أَجْرٌ كَبِيرٌ ﴿٧﴾

7}*Warri isinirraa rabbii amanee,horii isaanii akka rabbiin itti ajajetti baase, galata guddaa rabbi biraa qaba.

| | |
|---|---|
| *Mee yaa gabroottan kiyya, maalumaatu natti amanu'urraa isin dhoowwa?wanni rabbitti amanu'urraa isin dhoowwu,kan saniif jettanii ,Rabbitti kafartan,maali? | وَمَا لَكُمْ لَا تُؤْمِنُونَ بِٱللَّهِ |
| *Odoo ergamaan rabbi muhammad ,isin yaamuu,mukgjizaa hedduu isin ,isin agarsiisee. | وَٱلرَّسُولُ يَدْعُوكُمْ |
| *Akka rabbii keessan tokkicha,isin uumetti amantaniif. | لِتُؤْمِنُوا۟ بِرَبِّكُمْ |
| *Odoo rabbiin akka isatti amantan akka | وَقَدْ أَخَذَ مِيثَٰقَكُمْ |

isa dhugo'oomsitan,baallama isinirraa fuudhee jiruu?gaafni rabbiin akka amanan baallama gabaroottan isarra fuudhe,gaafa nuuhgii namaa hunda , dudda aadamirratti walitti qabee, an rabbii keessanii rabbii biraa hin qabdanii beekaa je'ee beysise akkasuma aylii namaa kennee, dhuga'aafii khijiba addaan nama baasun, baallama namarraa fuudhuu je'amaa .. duuba sanumaan wajji maalif Rabbii keessan dhugo'oomsuu diddan? odoo karaan iimaanaa isinii banamee jiruu.

| | |
|---|---|
| 8}*yoo kan amantan taatan amma amanaa wanni biraa kan iimaanarraa ,bakka isinii dhaabbatee, isin fayyadu hin jiruu ,amanaa. | إِن كُنتُم مُّؤْمِنِينَ ﴿٨﴾ |
| *Rabbiin isin uume ,kan ibaadaa teessan haqa godhatu ,sun ,isa ,gabricha isaa muhammadirratti aayata qur'aanaa ,beekkamtuu takkaa mukgjizaa mal'attuu buuse. | هُوَ ٱلَّذِى يُنَزِّلُ عَلَىٰ عَبْدِهِۦٓ ءَايَٰتٍۭ بَيِّنَٰتٍ |
| *Akka sababaa saniin, dukkana kufri'irraa, ifaa iimaanatti isin baasuf | لِّيُخْرِجَكُم مِّنَ ٱلظُّلُمَٰتِ إِلَى ٱلنُّورِ |
| 9}*Rabbiin keessan, kan Rahgmata isinii | وَإِنَّ ٱللَّهَ بِكُمْ لَرَءُوفٌ رَّحِيمٌ ﴿٩﴾ |

godhe, toltuu isiniin jaalatu kan isin uumee ,aylii kenne, sanirrattin haabbannee, anbiyaa isin erge.isin qajeelchu'uu jecha,kitaaba isaanirratti buusee ,haqa isin garsiisu'uu jecha, mukgjizaa mul'attuu isaanii kenne.

| | |
|---|---|
| *Maali wanni horii keessan karaa Rabbii | وَمَا لَكُمْ أَلَّا تُنفِقُوا۟ فِى سَبِيلِ ٱللَّهِ |

keessaniittii jecha baasu'urraa ,isin dhoo-wwu? maali wanni ,waan Rabbitti isin dhiyeessuu jecha .horii keessan baasuu dhiiftaniif

وَلِلَّهِ مِيرَٰثُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ

*kan sami'iifii,dhachi dhaalu , Rabbii tokkichaa.horii keessan kana irraa duutaniifi ,gara Rabbii deebi'ee Rabi'ee Rabbiin abbaa fadhe dhaalchisu'uu,taa'aa maalif ,sgadaqattabuu,if dura hin dabar sine?

لَا يَسْتَوِى مِنكُم مَّنْ أَنفَقَ مِن قَبْلِ ٱلْفَتْحِ وَقَٰتَلَ

*Namni isinirraa oddoo kuffaarri caphee je'ee baasee kuffaaran IoIeefii,namni isinirraa eega makka banamtee borii isaa kannaa, Iubbuu isaale'ee loIe,wal qixaa miti ,waan san dura, ormi islaamaa ,akkaan hori'itti haajamuuf duluu qopheessu'uuf jecha.

أُو۟لَٰٓئِكَ

*Warri odoo makka hin banamin horii isaa warra jihaada godhuu kennee jihaahaada godhe.

أَعْظَمُ دَرَجَةً مِّنَ ٱلَّذِينَ أَنفَقُوا۟ مِنۢ بَعْدُ وَقَٰتَلُوا۟

*Warra eega sanii horii kenne lolerra sawaaban caaltu ,Rabbi biraa qaban.

وَكُلًّا وَعَدَ ٱللَّهُ ٱلْحُسْنَىٰ

*jara amanee,odoo makkan banamin horii kennee loleefii jara eegasii amanee horii kenneef ,Rabbi in .jara Iachuufuu jannata kenne'uu ,if qabee,yookaa baallama seenee jira.haa darajaan isaanii,wal daddabartuu malee

وَٱللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ خَبِيرٌ ﴿١٠﴾

10}*Rabbiin waan hin daiaydan.hunda isi'ii keessa beekhaa,namuufuu akka maluun galata galcha.

مَّن ذَا ٱلَّذِى يُقْرِضُ ٱللَّهَ قَرْضًا حَسَنًا

*Eenyu namni horii isaa, Rabbii jecha kennu: eenyuu namni isaa jecha Iiqeessu.

فَيُضَٰعِفَهُۥ لَهُۥ

*Kan Rabbiin sawaaba isaa dachaa godhee ,isaaf kennu

وَلَهُۥٓ أَجْرٌ كَرِيمٌ ﴿١١﴾

**11}** *Kan sanirratti ida'ee, jannata qanani'ii.isaaf kennu,namni horii isaa,Rabbii je'ee, warra haqaaf, qabsoo godhuu kenne,Rabbiif Iiqeessee,sawaaba galata dachaa argata, namni na ma waan qabneef horii ifii, Rabbumaaje'ee kenne, Rabbiin sawaaba galata kennaa sanii dachaa godheeti,isaa kennee, jannata isa seensisa.

يَوْمَ تَرَى ٱلْمُؤْمِنِينَ وَٱلْمُؤْمِنَٰتِ

*Guyyaa mu'rnina.dhala'aa dhiiran .isaanii siraaxirra yaa'u agartu.

يَسْعَىٰ نُورُهُم بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَبِأَيْمَٰنِهِم

*Kan nuurri isaanirraa hanga'u, duraafii ,mirga isaanii ibsu. guyyaa san dubbadhu.

بُشْرَىٰكُمُ ٱلْيَوْمَ جَنَّٰتٌ

*Guyyaa mu'minaan ar'a jannataan gammadaa, je'amu

تَجْرِي مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ

* Jannata lagootin masnoo isaa jala olii gad yayaatu

خَٰلِدِينَ فِيهَا

*kan zalaalamii keessa teessanii qana-niitan.

ذَٰلِكَ هُوَ ٱلْفَوْزُ ٱلْعَظِيمُ ﴿١٢﴾

12}*Wanni ormi mu'minaa rabbirraa argate sun,milkii guddo'u .. (siraax)dildila jahannam gubbaa deemu, takk-aayuu dhaabame.kan qal'inni isaa ,akka afaan haadu'uu.kan isarra dabranii jannata seenan,gaafas orma mu'minaa, ifa'aatu ,duraafii .mirga isa anii, de-ema. haa jirri mu'minaa sun ,ifaa san,keessatti wal daddabranii malee.

يَوْمَ يَقُولُ ٱلْمُنَٰفِقُونَ وَٱلْمُنَٰفِقَٰتُ

*Guyyaa siraax,gubba'atti, munaa fiqaa ,munaafiqtittin.

لِلَّذِينَ ءَامَنُوا۟

*Orma mu'minaatin je'en:

ٱنظُرُونَا نَقْتَبِسْ مِن نُّورِكُمْ

*Mee waa xiqqo nu afaa, nuura ,takkaa ifaa keessanirra, qabsiifannee ibsannaa je'an

قِيلَ ٱرْجِعُوا۟ وَرَآءَكُمْ فَٱلْتَمِسُوا۟ نُورًا

*Kan isaan xiqqeessu'uu jecha,takkaa qi-shna'aa jecha:yoo ifaa feetan, adduny-a'atti. if duuba deebi'aadhaa, achii ifaa ba-rbaadadhaa ,isaanin je'amee,

فَضُرِبَ بَيْنَهُم بِسُورٍ

*Duuba onna mu'minaa,kan ifaadhan sgi-raaxirra deemufii,ormo munaafiqaa ,kan dukkana keessa,sgiraaxirra yaa'u jidduu, jogolli jaarame.takkaa dhawame.

لَّهُۥ بَابٌۢ

* Jogolli warra jannataatifii warra azaa-baa jiddu'utti jaarame sun,hulaa qaba,

بَاطِنُهُۥ فِيهِ ٱلرَّحْمَةُ

* Jogolli sun,gama mu'minatti as aanun, jannataatu keessa jira.

وَظَٰهِرُهُۥ مِن قِبَلِهِ ٱلْعَذَابُ ﴿١٣﴾

13}*Ammoo alii isaa,gama kuffaaratti , achi aanun, azaabatujira.sun ibidda.

يُنَادُونَهُمْ

*Warri azaabaa,munaafiqoonni ,wara jan-nataa mu'mintootatti lallabanii ,akki je'aniin,

أَلَمْ نَكُن مَّعَكُمْ

*Si nuti, addunya'arratti , wajjumaan hin turree?

قَالُوا۟ بَلَىٰ

*Jennaanin,ormi mu'minaa wanni isaanin je'ee dhuga'aa.wajjiin turree,

وَلَٰكِنَّكُمْ فَتَنتُمْ أَنفُسَكُمْ

*Haa tayuu isin,afaanin islaamoytanii ga-

ra'aan kafaru'uu (munaafiqa tayu'uun) lubbuu teessan galaafattan munaafiqa jechuun : nama afaanin amanee garaadhan kafaree

وَتَرَبَّصۡتُمۡ
*Isin ormi munaafiqaa ,addu nya'arratti ,balaan ,orma mu'minatti bu'uu,eeguu turtan,

وَٱرۡتَبۡتُمۡ
* Ammallee isin,waan diinan islaamaa dhufeen, shakkitan .

وَغَرَّتۡكُمُ ٱلۡأَمَانِيُّ
*Akkasuma hawwiin isin, rahgmanni rabbii bal'aadhaa. nun qixaaxu jettanii hawwitan ,isin gowwomsitee jirti,isin daydee jirti.

حَتَّىٰ جَآءَ أَمۡرُ ٱللَّهِ
*Hanga,duuti isinitti dhuftee, duutanitti.

وَغَرَّكُم بِٱللَّهِ ٱلۡغَرُورُ ﴿١٤﴾
14}*Kan shayxaanni isin dage , takkaa isin gowwoomse. rabbiin ,kan dilii namaa araaramuu,isiniif araaramaa homaan sodatinaa je'ee. karaa rabbirraa isin baasee.

فَٱلۡيَوۡمَ لَا يُؤۡخَذُ مِنكُمۡ فِدۡيَةٞ
*Isin yaa orma munaafiqaa, ara , odoo horii qabaattanii,if bitu'uu jecha,takkaa azaaba rabbii jalaa bayu'uu jecha, kennitanii, isinirraa hin qeebalamu.takkaa isin hin bitu.yookaa isin irraa hin fuudhamu.

وَلَا مِنَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْۚ
*akkasuma ,warra munaafiqa hin tayin ,kan dirree baasee kafarerraayis ,horiin fuudhamee isaan hin bitu.

مَأۡوَىٰكُمُ ٱلنَّارُۖ هِيَ مَوۡلَىٰكُمۡۖ
*Bakkeen isin akhira'atti gaItan, ibidda azaabatti ibiddi azaaba sun ,aanaa keessani. isi'iitu isinitti aana isiin haadha teessan.

وَبِئۡسَ ٱلۡمَصِيرُ ﴿١٥﴾
**15}***Bakkeen isin booda itti aantan, ibiddi sun,bakka hamtu'u,mana azaabati.

۞أَلَمۡ يَأۡنِ لِلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ أَن تَخۡشَعَ قُلُوبُهُمۡ لِذِكۡرِ ٱللَّهِ
*Si waytiin yaroon qalbiin mu'minaa .zikrii Rabbiitif jiitu waytiin gursi Rabbii , qalbii isaanii seenu,hin geenyee . yookaa hin dhufnee (ya'ni)jechuun hin geenyee jechu'.

وَمَا نَزَلَ مِنَ ٱلۡحَقِّ
*Ammellee ,waytiin, hoggaa waan haqaa

kan Rabbiin buuse dhagayan .qalbiin isaanii.jiitu,hin geenyee? Waytiin hoggaa qur'aana dhagayan ,qalbiin isaanii hitee,waan inni je'utti dalagan ,hin dhiyaannee?

وَلَا يَكُونُوا۟ كَٱلَّذِينَ أُوتُوا۟ ٱلْكِتَٰبَ مِن قَبْلُ *Kan akka ,warra isaan dura, kitaaba kennamee, hin taane warri kitaaba kenname yahuudaa tan(tawraat) kennamteefii ,nasgaaraa(injiil) kennamte.

فَطَالَ عَلَيْهِمُ ٱلْأَمَدُ *kan eega anbiyoonni isaanii dabree zamanni dheeran isaanirra dabree,

فَقَسَتْ قُلُوبُهُمْ *qalbiin isaanii goggoydee, akka dhaga'aa taate , inumaa dhaga'arra jabaattee , gorsa kitaaba isaanii.dhagayuu didde .duuba isin ormi islaamaa akka isaanii .hin tayinaadhaa,waan qur'aanni je'u.qabadhaa.dubbii Rabbii dhagayaa, waan qur'aanni dhufeen, hin irraanfatin, zamanni dheeratuun, isin hin dagachiisin. akka warri isin duraa, waan kitaabni isaanii je'u, dhiisanii karaa Rabbirraa bayanitti.

وَكَثِيرٌ مِّنْهُمْ فَٰسِقُونَ ﴿١٦﴾ **16}** *Irra hedduun yahuuda'aafii ,nasgaar'aa ,karaa kitaabni isaanii itti yaamerraa ,bayanii jiran, waan inni je'etti hin dalagan

ٱعْلَمُوٓا۟ أَنَّ ٱللَّهَ يُحْىِ ٱلْأَرْضَ بَعْدَ مَوْتِهَا *Yaa warra dhagayu beekhaa.wanni beytan: Rabbiin, waa hunda uume, Rooba Roobseti.dachii.eega isiin goggoydee, duutee ,waa magarsuu dhiiftee,akka waa magarsitu godha .duuba qalbiin namaa akka dachii'iiti.zikriin akka roobatti , akkuma roobni dachii jiraafchisutti, zikriin, waan Rabbiin je'u dagayuun,qalbii jiraachiftee, akka wanni gaarin irraa madditu,akka ammallee waan tolaa malee ,waan ,hamtuu balfitu gooti.

قَدْ بَيَّنَّا لَكُمُ ٱلْءَايَٰتِ *Dhugumaan ragaa tokkummaa keenyaa, akeekkaa dandeeytii teenyaa, isinii dubanee ibsine.

لَعَلَّكُمْ تَعْقِلُونَ ﴿١٧﴾ 17}*Akka waan Rabbiin isiniin je'u ,keessa akkaan hubattaniif jecha.

إِنَّ ٱلْمُصَّدِّقِينَ وَٱلْمُصَّدِّقَٰتِ *Warri waan qabu kennatu dhiiraa dhala'aan, kenneen Rabbumaa je'anii waan kennan kennatan

وَأَقْرَضُوا۟ ٱللَّهَ قَرْضًا حَسَنًا *Warri Rabbiif je'ee horii isaa liqeesse Rabbiif liqeessun, horii ifii, garaa gaari'iin, Rabbumaa je'anii, nama waan qabneef kennu'uu kan nama kennaniif san-

irra,galata hin barbaanne.

يُضَٰعَفُ لَهُمۡ

*Jara akkasitti waa kennate saniif saw-aabni waan isaan kennatanii, dachaa isaanif taya.maalif kennaan takkittin, isaan kennan ,kudhanitti isaanii lakkaawamtii

وَلَهُمۡ أَجۡرٞ كَرِيمٞ ١٨

18} * Ammas san gubba'aan ,galata biraa gaari argatan.

وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ بِٱللَّهِ وَرُسُلِهِۦٓ

*Warri Rabbifii, ergamoota hundatti amane, kan waan isaan Rabbirraa dhufeeniin dhugo'oomse,kan tokkummaa Rabbii yaadu,

أُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلصِّدِّيقُونَۖ وَٱلشُّهَدَآءُ

* Jarri akkasitti amane sun, isaanuma namni siddiiqota je'amu ammallee kan shuhadaa'ota je'amu. isaan sawaaba saddii qotaatifii, shuhadaa'otaati argatan.

عِندَ رَبِّهِمۡ

*Rabbii isaanii biratti (mujaahid akki je'e namni Rabbii isaa muhammad dhufeen hundatti amanee,dhugo'oomsee .qeebale ,akkuma siddiq je'an shajiid je'amaa je'e.

لَهُمۡ أَجۡرُهُمۡ

*Warra Rabbiifii,Rasuulatti amaneef ,sawaaba gudda'aatu Rabbii isaanii bira isaanif jira.

وَنُورُهُمۡۖ

*Ammallee nuura ,takkaa ifaa ,hoggaa sgiraaxirra deeman, isaanii ibsu Rabbirraa argatan.

وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ وَكَذَّبُواْ بِـَٔايَٰتِنَآ

*Ammoo warri Rabbiifii, ergamaa isaa muhamaditti kafaree.qur'aana qur'aana Rabbii,aayaata,takkaa mukgjizaa isaa kijisiise,yookaa dhugo'oomsuu dide.

أُوْلَٰٓئِكَ أَصۡحَٰبُ ٱلۡجَحِيمِ ١٩

19} * Isaan sun ,warra ibiddati.

ٱعۡلَمُوٓاْ أَنَّمَا ٱلۡحَيَوٰةُ ٱلدُّنۡيَا لَعِبٞ

*Waa takka beekaa jiruun addunya'aa tun tapha,haalli nama isi'ii je'ee ,if dhibuu akka haala joollee taphaa jecha,if dhibduuti.

وَلَهۡوٞ

*Ammallee addunyaan tun, waan aakhira'arra isi'iin dagaman .bakka aakhiraa itti booda aananiif dalagan isii jala goranii. aakhiraadhaa dalaguu, irraanfatan.

وَزِينَةٌ

*Ammallee addunyaan,waan namni .hanga isi'iin beyne, isiniin boonu uffatee, yaabbatee,mana gaarii keessa galee.

وَتَفَاخُرٌۢ بَيۡنَكُمۡ

* Ammallee addunyaan.waan warri waan isiin taate hin beyne,walittiin dhaaddatu .an gosa akkanaa ,tan akkan aati .an nama akkanaa ,kan akkanaati,waan akkanaa kan akkanaatin qabaje'ee ,namni waan addunyaan taate hin beyne .ifi dhaad.

وَتَكَاثُرٌ فِي ٱلۡأَمۡوَٰلِ وَٱلۡأَوۡلَٰدِ

* Ammallee hgaalli addunya'aa heddummina hori'iitifii, heddommina ,walitti dhaaddat'u anaatu hori'iifii ,ilmaan sirra heddommaata je'anii.addunyaa tana, yoo gad qabanii ,laalan ,isiin waan hin jirre,takkaa waan bakkan teenye, waan dhabamaati ,waan isi'iin boonanii ,isi'iin walitti dhaaddatanii miti.

كَمَثَلِ غَيۡثٍ

*Addunyaa tana,yoo fakkeessuu feene ,wanni itti fakkeefamtu, rooba guddaa lafa quubsee, waa magarsite.

أَعۡجَبَ ٱلۡكُفَّارَ نَبَاتُهُۥ

*Kan wanni roobni sun magarse qotee bulaa gammachiisu ,wanni inni magarse bayee baatee gurraachomee , (kuffaar) jechuun qutticha, firii lafattii awwaalu ,takkaa facaasu jechu.

ثُمَّ يَهِيجُ

*Wanni Rooban mayri sun eeguma mayra jiidhaa ,gurraacha tayuu turee ,goggogee

فَتَرَىٰهُ مُصۡفَرًّا

*Wanni ati gartu isaa daalachaaye eegurna gurraachomee bareeduu turee .

ثُمَّ يَكُونُ حُطَٰمًاۖ

*Ammas eega goggogee, caccapheeti hoshoshommaayee, gilleensi fuudhee .akka waan hin jirree godha. Duuba hgaalli addunyaadhatis akkasii,wanni ati gartu, nama horii qabu,kan deege .nama fayyaa qabu.kan dhukkubsate.nama dardaraa,kan dullo orne .nama jiru, kan du'e,nama wajji jiru kan adda baye garta hgaalli isi'ii akkanaa ,nama gowwa'aatu,isi'iin gowwooma

وَفِي ٱلۡأٓخِرَةِ عَذَابٞ شَدِيدٞ

*Ammoo akhira'atti, nama addunyaa tanarratti jallatee, addunya'aan dagamee .hamtuu dalageef azaaba,yookaa qixaaxa jaba'aatu jira,

وَمَغۡفِرَةٞ مِّنَ ٱللَّهِ وَرِضۡوَٰنٞۚ

* Ammoo nama addunya'aan dagamuu dhabee,qajeelee, karaa Rabbii deemef ,araarama Rabbiitifii .jaalala isaatitu jirajazaan Rabbiin aakhir'atti nama galchu, takkaaajannata,takkaa ibidda .

jannanni kan warra Rabbitti amaneeti.azaanni kan warra Rabbitti kafaree addunya'atti amaneeti.

وَمَا ٱلۡحَيَوٰةُ ٱلدُّنۡيَآ إِلَّا مَتَٰعُ ٱلۡغُرُورِ ﴿٢٠﴾

20}*Jiruun addunya'aa tun,meeshaa na-

Mni if dagate, gowwoomuni ,waan gatiin qabne,tan namni waan beyne , dagamuuni .tanaaf jecha wanni nama aylii qaburratti jiru,addunyaa tana geejjiba yookaa waan akhira'atti isa geessu godhatu ,isi'iin dagamuu dhabu, gaafas addunyaan miya aakhira'aa gaarii je'amti .

سَابِقُوٓاْ إِلَىٰ مَغۡفِرَةٖ مِّن رَّبِّكُمۡ

*Dalagaa gaarii,araara Rabbii keessanirraa isinii fiddutti wal doggomaa.

وَجَنَّةٍ عَرۡضُهَا كَعَرۡضِ ٱلسَّمَآءِ وَٱلۡأَرۡضِ

*Ammallee jannata bal'inni isaa akka bal'ina samii torbaniifii ,dachii torabanii gayu ,argatu'utti wal doggornaa.

أُعِدَّتۡ لِلَّذِينَ ءَامَنُواْ بِٱللَّهِ وَرُسُلِهِۦۚ

*Jannanni bal'aan sun, warra Rabbiifii ,ergmoota isaa hundatti,amaneef qopheefame.

ذَٰلِكَ فَضۡلُ ٱللَّهِ يُؤۡتِيهِ مَن يَشَآءُۚ

* Jannanni bal'aan sun,ammaIlee Rabbiin warra isatti amaneef araaramuun sun , waan Rabbiin gabroottan isaatif .tola oolee kennu.kan namni itti isa giddu, hin jirre .kan nama fedhee kennu.

وَٱللَّهُ ذُو ٱلۡفَضۡلِ ٱلۡعَظِيمِ ﴿٢١﴾

21}*Rabbiin kan kennaan isaa akkaan guddo'ooti.kan badhaasun isaa,akkaan bal'oodhati.

مَآ أَصَابَ مِن مُّصِيبَةٖ فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Balaan lafattin buutu ,tan akka roobni dhabamu'uu, barri, yookaa abaar bu'uudhaa,dachiin sossoo'uudhaa, dhukkubni midhaanitti bu'uudhaa ,dhukkubni midhaanitti bu'uudhaa ,takkaa hori'itti dhufuudhaa.

وَلَا فِيٓ أَنفُسِكُمۡ

*Ammallee balaan isinittin argamtu, tan akka dhukkubsatu'uu.hiyyoornu'u tan akka dhukkubsatu'uu, hiyyoomu'uu, ilmaan dhabu'uu , balaan tun ,isiniifii,lafattiIIee hin argamtu .

إِلَّا فِي كِتَٰبٖ

*Yoo waan lawhgalmahgfuuz keessatti .katabnee, dabarsine, taate malee.

مِّن قَبۡلِ أَن نَّبۡرَأَهَآۚ

*Odoo balaa san hin buusin takkaa hin Argamsiisin dura rabbiin waan uumu`uu taa`u ,yookaa argamsiisu`uu jiraatu hunda hunda azalitti ,odoo isii hin uumne dura ,muree katabee , lafa kaayee jira bakka wanni sun itti argamtuufii , nama itti argamtuufii , hanga itti

argamtuufii waytii itti argamtu ,katabee ol kaaye jira wanni argamaa hundi karuma rabbiin muree dabarserratti argamtii , irraan mayxu

إِنَّ ذَٰلِكَ

*Waan argamsiisu'uu taa'u hunda ,muree quunqumee irnaarnee lafa kaayun.

عَلَى ٱللَّهِ يَسِيرٌ ﴿٢٢﴾

22} * Rabbirratti laaftu'u,sun narnarratti jabaata maali Rabbirratti hin jabaatu,yoo namni waan dalagu'uu deemu takka, odoon daleyne ,kan irnaammatu taate, Rabbiin namaafii, waan isaan dalagan hunda uume, maal haatayu .nabi muhammad akki je'e (Rabbiin wahgayyuufuu hanga yookaa Iikkii godhee jira.odoo dachi'iifii samiin hin uumamin dura ,amata kum shantarnitti) Wanni amma arga mu hundi ,waan Rabbiin firdii godhee, dabarsee, akkaataa inni itti murerraa hin mayxu rabbiin akki je'e wannin wahayyuu ,waan muramee, dabre tayuu isin beysiseef

لِّكَيْلَا تَأْسَوْا عَلَىٰ مَا فَاتَكُمْ

*Akka waan argatuu feetan, ta dhabdaniif hin riganne'eefi.

وَلَا تَفْرَحُوا بِمَآ ءَاتَىٰكُمْ

*Akka waan Rabbiin isinii kenneen gammadanii, wasanaa baatani Rabbii keessan hin irraanfanneedhafi. Wanni argattan waan Rabbiin .isinii dabarse malee, waan isin hum na teessaniin argattani mitii, tanaaf jacha waan argattaniin,hin booninaa,hin dhaaddatinaa.

وَٱللَّهُ لَا يُحِبُّ كُلَّ مُخْتَالٍ فَخُورٍ ﴿٢٣﴾

23} *Rabbiin warm if guddisu , kan waan argateen boonu, hin jaalatuu.ni qixaaxaa.

ٱلَّذِينَ يَبْخَلُونَ وَيَأْمُرُونَ ٱلنَّاسَ بِٱلْبُخْلِ

*Warri rabbiin jibbu , warra waan qabuun doyn'oomu kan waan Rabbiin arjummaadhan isaanii kenne, arjumma'aa nama haajamuun kinnine, kan inumaa nama waa kennullee,waa kennuu dhabu'utti kaasan, takkaa dayn'ummaadhatti ajajan.

وَمَن يَتَوَلَّ

*Namni waan qabu Rabbii je`ee kennee haajamaa gargaaru'urraa gara gale, takkaa dide .namni sun ifuma miidhe malee ,Rabbi hin miine.waan sawaaba warra waa kennurraa,if hoongesseef jecha.

فَإِنَّ ٱللَّهَ هُوَ ٱلْغَنِيُّ ٱلْحَمِيدُ ﴿٢٤﴾

24}*MaalifRabbiin waan namni kennu kanatti hin fayyadamu .Rabbiin dureessaa faarfama'aa .namni inni waa kenneef ,galata isaa galchuu dhabuun ,isa hin miidhu ,akkuma ibaadan nama isa ibaaduu,isa hin fayyanne .

لَقَدْ أَرْسَلْنَا رُسُلَنَا بِٱلْبَيِّنَٰتِ

*Dhgumaan ergamoota keenya gabroottan keenyatti erginee,ragaa isaan ergamoota keenya tayu'uu mikgjizaa isaanif kenninee jirra ..

وَأَنزَلْنَا مَعَهُمُ ٱلْكِتَٰبَ

*Kitaaba haqaafii,baaxila qajeello'oofii, jallina, addaan namaa baasu isaanirratti buufnee ,akka karaa keenya qajeelaniif jecha

وَٱلْمِيزَانَ

* Ammallee miizaana takkaa qixxummaa isaanirratti buufuee.

لِيَقُومَ ٱلنَّاسُ بِٱلْقِسْطِ

*Wanni kitaabafii , miizaa na gabroota kiyyaaf, ergamoota kiyyarratti buufnef akka isaan qajeelaniifi,akka dalagaa hunda keessatti, haqaafii, qixxumma'aan , dhaabbatani'iifii

وَأَنزَلْنَا ٱلْحَدِيدَ

*Nuti sibiila uumnee jirra. takkaa buufnee jirra

فِيهِ بَأْسٌ شَدِيدٌ

*Sabiila san keessa,human lolaa jabdu'uutu jira ,kan wanni akka habale'ee , billaayaa,waraanaa, manca'aa. Qawwe'ee .roophila'aa, madaafaa taanki'ii faan, irraa tolfamtu.

وَمَنَٰفِعُ لِلنَّاسِ

* Ammallee sibiila keessa waan nama fayyaduutu jira.kan wanni akka qotto'oo, akhaafa'aa, marasha'aa, wagali'ii ,baaburaa, faan, meeshaan wahiin toichaniifii tan waa itti nyaatan,itti dhugan ,itti ol kaayatan hedduun irraa tolfamtu,maalif yoo gad qabnee laalle wanni sibiilarraa duroomuu hin jiru.

وَلِيَعْلَمَ ٱللَّهُ مَن يَنصُرُهُۥ

*Wanni Rabbiin sibiila uumef, faaydaa hedduu inni qabu,tan dubbanne saniin wajji ,akka warri Rabbitti amane ,kan haqa jabeessu'uu deemu,isa qabatee ,xilaata isaanitiin lolu'uufi.

وَرُسُلَهُۥ بِٱلْغَيْبِ

*Ammalle nama sibiila kanaan haqa rabbi diinaa isaa kan ergamaa isaa nabi muhammed dhufeen gargaaruuu jecha aakhira' atti amanee Ioluufii nama waan biraatii jecha lolu ,Iaalu'uu jacha ,Rabbiin sibiila buuse.takkaa uume.

إِنَّ ٱللَّهَ قَوِيٌّ

*Rabbiin jabaa nama isatti balleesserraa gadoo, takkaa biiluu takkaa haluu bayuu dandayu.

عَزِيزٌ ﴿٢٥﴾

25} *Kan injifatuu malee .wanni isa inj-

ifatu hin jirre,kan gargaarsa nam tokkottillee hin haajamne .wanni Rabbiin qabsoo hgaqatti nama kaasef,dantaa isaanitiifi rnalee, dantaa isaatifii miti kan sanumaan wajjinuu ,qabsoo sanirratti sawaaba isaanii kennu.

| | |
|---|---|
| *Sheekha anbiya'aa nabi (nuuhgifii) ,abbaa isaanii nabi ibraahiim .dhugumaan erginee jira. | وَلَقَدۡ أَرۡسَلۡنَا نُوحٗا وَإِبۡرَٰهِيمَ |
| *Anbiyaa isaan lamaan boodaa hunda ,ilmaan isaan lamaanirraa goonee | وَجَعَلۡنَا فِي ذُرِّيَّتِهِمَا ٱلنُّبُوَّةَ |
| *Ammallee kitaabban isaanirratti buufne .kan akka kitaaba afaranii,sun tawraatifii injiilifii zabuur,qur'aanaa . | وَٱلۡكِتَٰبَۖ |
| *ilmaan nuuhgfii,ilmaan ibraahiimirraa ,nama Rabbiif qajeeletu jira .warra toleetu jira | فَمِنۡهُم مُّهۡتَدٖۖ |
| 26}* Ammoo irra hedduun isaanii .warra jallate kan karaa Rabbirraa baya. | وَكَثِيرٞ مِّنۡهُمۡ فَٰسِقُونَ ٢٦ |
| *Ammas eega isaanitti ergamoota hedduu isaan faana finnee .isaan jala deemsifnee jirra, kan akka nabi muusa'aa ,ilyaas .daawuud .suleymaan, | ثُمَّ قَفَّيۡنَا عَلَىٰٓ ءَاثَٰرِهِم بِرُسُلِنَا |
| *Jarra dubbanne san duukaa ,takkaa maayyii, (iisaa) ilrna maryam fenne deemsifnee | وَقَفَّيۡنَا بِعِيسَى ٱبۡنِ مَرۡيَمَ |
| *Kitaaba injiila je'amu irratti buufne .takkaa kennineef.kan isa keessatti nabi Muhammad ergamu'uuf taa'a jennee gammachiifne. | وَءَاتَيۡنَٰهُ ٱلۡإِنجِيلَ |
| *Qalbiin warra (iisaa) jala deemee, itti amane,kanneen (hgawaariyyiina) je'aman jiifnee jirra .isaan akka yahuuda'aatii mitii ,qalbii ijadhan .takkaa lafan.yookaa rahgmata qaban. | وَجَعَلۡنَا فِي قُلُوبِ ٱلَّذِينَ ٱتَّبَعُوهُ رَأۡفَةٗ وَرَحۡمَةٗ |
| * Ammallee isaan (rahbaaniyyummaa) qaban.rahbaaniyyaa jechuun .dhala'aafii ,waan qananii addunya'aa taye hundarraa ,fagaatanii ,khalawaa seenu'u.dhalaanis akkasi. | وَرَهۡبَانِيَّةً |
| *Hgaala kana isaanumaatu baafate rnalee rabbiin akkas tayaa hin jinneen. | ٱبۡتَدَعُوهَا |

مَا كَتَبْنَـٰهَا عَلَيْهِمْ إِلَّا ٱبْتِغَآءَ رِضْوَٰنِ ٱللَّهِ

*Nati,waan rabbitti isaan dhiyeessu ,dalaguu isaanirratti katabne malee, addunya'arraa citaa ,dhirti dhala'atti hin dhiyaatin ,dhalaan dhiiratti hin dhiyaatin ,hin jenneen .irratti hin katabne, haatayuu isaanumaatu if qabsiise.takkaa ifirraa kaaye.

فَمَا رَعَوْهَا حَقَّ رِعَايَتِهَا

*Duuba waan if qabsiisan san ,akka if qabsiisanitti, dalaga'arraa hin oolchine .

فَـَٔاتَيْنَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ مِنْهُمْ أَجْرَهُمْ

*Warra nasgaara'arraa nabi Muhammad dhufnaan ,itti amaneef,sawaaba takkaa galata dachaa goonee kenninee sawaaba isaan nabi iisa'atti arnrnananiifii ,kan nabi muhammad ergamnaan itti amanan.

وَكَثِيرٌ مِّنْهُمْ فَـٰسِقُونَ ﴿٢٧﴾

27} *Irra heddun nashaara'aa kufri irratti hafe.

يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ ٱتَّقُوا۟ ٱللَّهَ

*Yaa warra rabbitti amane, rabbi sodadha'aa ,waan inni itti isin ajaje dalagaa ,waan inni irraa isin dhoowwerraa dhoowwamaa .takkaa yaa warra isa'atti amane jechu'u.

وَءَامِنُوا۟ بِرَسُولِهِۦ

*Waan ergamaan isaa muhammad dhufeen, dhugo'oornu'urratti jabaadhafeen , dhugo'oomsu'urratti jabaadha'aa itti amanaa, harka itti maradhaa.

يُؤْتِكُمْ كِفْلَيْنِ مِن رَّحْمَتِهِۦ

*Rabbiin Rahgmata isaa dachaa godhee isinii kennaa ,waan iisa'aafii nabi muhammaditti amanataniiftakkaa waan akkaan toltaniif.

وَيَجْعَل لَّكُمْ نُورًا تَمْشُونَ بِهِۦ

*Aakhira'atti ifaa hoggaa siraaxirra deemtan ibsattan isinii kennaa .

وَيَغْفِرْ لَكُمْ

*Waan isin dili'irraa dabarsitan hunda isiniif araaramaa.

وَٱللَّهُ غَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿٢٨﴾

28}*Rabbiin kan akkaan namaa araaramu ,ammallee kan rahgmanni isaa akkaan bal'aadhati.

لِّئَلَّا يَعْلَمَ أَهْلُ ٱلْكِتَـٰبِ

*Wanni akkati waan dabarsine isinii addeessineef, akka warri kitaaba kenname, yahuuda'aafii, nasgaaran, beekhaniifi.

أَلَّا يَقْدِرُونَ عَلَىٰ شَىْءٍ مِّن فَضْلِ ٱللَّهِ

* Akka isaan kennaa rabbii if qofarratti gabaabsuu hin dandeenye, hubatani'iifi.

وَأَنَّ ٱلْفَضْلَ بِيَدِ ٱللَّهِ

* Ammallee akka nabiyyii nama godhuun iimaana namaa kennuun ,kitaaba namarratti buusun ,harka rabbii jirtu .beekhaniif.

يُؤْتِيهِ مَن يَشَآءُ

*Kan gabroottan isarraa nama fedheef kennu.kan nama fedhe nabiyyee godhee ,kitaaba irratti buuse

وَٱللَّهُ ذُو ٱلْفَضْلِ ٱلْعَظِيمِ ﴿٢٩﴾

29} *Rabbiin kan kennaan isaa guddoo

bal'oodhati. kan nama tokkorratti ,takkaa gosa tokka rratti,takka zamana tokkorratti, hin gabaabbanne .yahuudan wanni je'uu turte rabbiin nurraa malee,gosa birarraa nama ergee ,kitaaba irratti hin buusu je'an jannaan ,rabbi in, aayata dabarsine buusee ,rabbiin abbaa fedhe nabiyyee godhee, kitaaba irratti buusaa ,muhammad nurraan taane jettanii, amanuu hin didinaa je'ee irratti deebise.